# Inshuraansii Wal'aansaa Keessan Hubachuu

## *Uwwisa Inshuraansii Keessan Abuuruu*

Yeroo daa'imni keessan fedhii kunuunsa fayyaa addaa, harkifannaa guddinaa yookiin hir'ina qaamaa qabaatu, uwwisa inshuraansii keessan hubachuun barbaachisaa dha. Waa'ee faayidaa inshuraansii fayyaa keessanii fi akkaataa inshuraansiin sagantaa gidduuseentummaa dursaa daa'ima keessanii maallaqaan gargaaruuf gumaachuu danda'u caalaatti akka barattan ni jajjabeeffamtu. Odeeffannoo kana walitti qabuun Family Resources Coordinator (Qindeessaa Qabeenya Maatii, FRC) fi Garee Gidduuseentuu Dursaa keessaniif qooduuf waraqaa Hojii Mirkaneessa Inshuraansii maxxanfame kan gorsa bal'aa qabu fayyadamuu dandeessu.



### Waa'ee Karoora Keessanii Baradhaa

Waa'ee uwwisa keetssanii barachuun fedhii daa'ima keessanii guutuuf murtoo hundarra gaarii ta'e akka murteessitan isin gargaara. Karoorri inshuraansii keessan Ibsa Karoora Cuunfaa qaba, kunis sanada uwwisa keessanii gabaabsee fi akkaataa dhiyeessitoota inshuraansii keessan fudhatan fi/yookiin neetworkii keessan keessa jiran itti argattan qajeelfama tokko tokko kenna. Hojjechiisaa fi dhiyeessaa inshuraansii keessanii irratti hundaa'uun, kun sanada waraqaa yookiin odeeffannoo toora interneetii irratti dubbisuu dandeessan ta'uu danda'a. Odeeffannoo waa'ee karoora keessanii argachuuf, kutaa hariiroo namaa hojjechiisaa keessanii yookiin odeeffannoo tajaajila miseensotaa kaardii inshuraansii keessan irratti argamu qunnamaa.

### Gaaffilee Waliigalaa Waa'ee Karoora Keessanii Gaafachuu Qabdan

Bu'uuraalee karoorri keessan maal akka uwwisu baruun olitti, waa'ee seerota uwwisaaf barbaachisan barachuun barbaachisaa dha:

- Karoorri keessan ispeeshaalistii ilaaluuf hakiima keessan ykn dhiyeessaa tajaajilaa kan biraa irraa rifaraala barbaadaa?
- Karoorri keessan teeraappistii addaa/sagantaa tajaajila gidduu seensaa darsaa kennu (i.e., Teeraappistii Qaamaa, Teeraappistii Hojii, Teeraappistii Dubbii, Ogeessa Nyaataa) ilaaluuf rifaraala barbaadaa?
- Akkamitti rifaraala argattu? Daawwannaa waajjira? Dursitanii beeksisuu? Kan biraa?
- Karoorri koo waggaa tokko keessatti daawwannaa teeraappii meeqa uwwisa? Rifaraalichi haaromsa barbaadaa? Bilbilaan daawwannaa dabalataaf hayyama argachuu dandeessu moo daawwannaa biraa hakiima kunuunsa jalqabaa wajjin saganteessuu barbaaddu?
- Beellamoota, qormaataa fi qajeelfamoota akkamiitu dursee hayyama barbaada? Doktarri hayyama duraa argachuu danda'a moo karoora fayyaa keessan kallattiin qunnamuu barbaaddu?
- Dhiyeessitoota karoorichaan uwwifamuuf waliigalan qofa fayyadamuu isin irraa eegamaa (dhiyeessitoota networkii keessaa)?
- Akkasumas hakiimota yookiin kennitoota tajaajila yaalaa biroo qaama karoora keessanii hin taane (uwwisa networkii ala) ilaaluu yoo dandeessan, karoorri sun hakiimota kana yookiin kennitoota tajaajilaa biroo ilaaluuf seera akkamii qaba? Dhiyeessaa networkii alaa ta'e fayyadamuun maal isin baasisa?
- Yeroo hatattamaa yookiin yeroo imala gootan doktora yookiin kennitoota tajaajilaa kan biroo networkii karoora keessanii keessa hin jirre arguu dandeessuu? Yoo akkas ta'e, maalisin baasisa?

**Quunnamtii:**

Department of Children, Youth & Families Early Support for Infants and Toddlers Program (Muummee Daa'immanii, Dargaggootaa fi Maatii Sagantaa Deeggarsa Dursaa Daa'immanii fi Ijoollee)

PO Box 40970 Olympia, Washington 98504-0970 | **esit@dcyf.wa.gov**

**www.dcyf.wa.gov/services/child-development-supports/esit**

## Wal'aansaan Barbaachisaa

Faayidaa karoorri fayyaa keessan maal akka uwwisu fi akkaataa kaffaltiin itti hojjetu yoo beektanillee, ammas tajaajilli gidduu seensaa darsaa daa'ima keessanii akka uwwisu gochuu irratti rakkoon isin mudachuu danda'a. "Wal'aansaan barbaachisaa" jechuun jecha dhaabbileen inshuraansii yaala yookiin qajeelfama addaa tokkoof barbaachisummaa yaalaa murteessuuf itti fayyadamaniidha. Hiikni kun akka murteessaa kaffaltii wal'aansaa fi qajeelfama daa'imni keessan barbaaduu danda'utti fayyadama.

Yeroo hunda hiika karoora keessanii barbaachisummaa wal'aansaa ilaaluu qabdu; hiikni barbaachisummaa wal'aansaa kamiyyuu balballoomaaf bakka qaba. Yoo barbaachisummaa yaalaa mirkaneessuu barbaaddan, xalayaan Dhiyeessaa Kunuunsa Duraa keessanii, yookiin dhiyeessaa yaalaa biroo tajaajilicha gaafatuun barraa'uu ni danda'a.

## Ol'iyyannoo Haaluu

Yoo karoorri fayyaa keessan tajaajila tokkoof kaffaltii hin kaffalle yookiin tajaajila tokkoof dursee walii hin galle ta'e, sana booda murtii karoora fayyaa ol'iyyannoo dhiyeessuuf filannoo qabdu. FRC yookiin dhiyeessaan tajaajilaa keessanii isinii fi karoora fayyaa keessan waliin hojjechuun inshuraansiin maaliif tajaajilichaaf kaffaltii akka hin kaffalle odeeffannoo argachuu kan danda'u ta'us, ol'iyyannoo jalqabuuf itti gaafatamummaa kan qabu isini. Odeeffannoon adeemsa ol'iyyannoo karoora fayyaa keessanii Ragaa Uwwisaa keessa jira. Adeemsi ol'iyyannoo karoora Fayyaa tokko karoora fayyaa irraa gara karoora fayyaatti garaagarummaa waan qabuuf yeroo uwwisa keessan gamaaggamtanitti adeemsa sanatti madaquu qabdu. Explanation of Benefit (Unki Ibsa Faayidaa, EOB) karoora keessanii tajaajilli tokko uwwifamuu fi dhiisuu isaa isinitti hima. Karoorri fayyaa keessan tajaajila hunda daa'ima keessaniif uwwisu waan hin qabneef jalqaba waraqaa Ragaa Uwwisaa ilaaluun karoorri keessan tajaajila dhorkame akka uwwisu mirkaneessuu qabdu. Waliigalatti, sadarkaawwan armaan gadii fudhatamuu danda'u:

- Tajaajilichi dogoggoraan dhorkame jettanii yoo amantan, karoora keessan bilbilaan qunnamuun waa'ee EOB keessanii mari'achuu dandeessu. Kun adeemsa gamaaggama al-idileeti. Bilbila irratti ol'iyyannoo dhiyeessu waan hin dandeenyeef gamaaggama al-idilee irraa bu'aa kamiyyuu barreeffamaan argachuu keessan mirkaneessaa.
  - Bilbila karoora keessan irratti bilbiltan hunda maqaa nama waliin haasoftnii fi yaadannoo haasawa sanaa galmeessaa. Bakka bu'aan karoora fayyaa odeeffannoo qabatee yoo isinitti deebi'e, yoom deebii sababa qabeessa ta'een eeguu akka dandeessan baruu keessan mirkaneessaa fi yoo deebii hin dhageenye karoora fayyaa hordofaa.
- Bakka bu'aan tajaajila maamiltootaa keessan karoorri keessan tajaajila hin uwwisu yoo jedhe, ammallee uwwisaaf gaaffii dhiyeessu dandeessu. Ol'iyyannoo idileeti ce'uu yoo barbaaddan mormii barreeffamaa isin barbaachisa.



  - Ol'iyyannoo idilee dhiyeessuuf yoo murteessitan barreeffamaan ta'uu qaba.
    - Karoorri fayyaa keessan unka ol'iyyannoo qabaachuu danda'a.
    - Yoo hin taane Ragaan Uwwisaa adeemsa ol'iyyannoo ni ibsa.
    - Yeroo hunda galgalcha iyyannoo keessaanii barreeffamaan qabadhaa.
- Ol'iyyannoo keessatti odeeffannoo armaan gadii kennuu barbaachisa
  - Maqaa, teessoo fi lakkoofsa bilbilaa keessan
  - Lakkoofsa eenyummaa miseensaa keessanii yookiin Social Security number (lakkoofsa Wabii Hawaasummaa)
  - Galgalcha Explanation of Benefit (Unka Ibsa Faayidaa, EOB) fi maqaa dhiyeessaa keessanii fi unka kaffaltii
  - Ibsa tajaajilaa yookiin qajeelfama uwwifamuu barbaaddan
  - Odeeffannoo tajaajilichi maaliif uwwifamuu akka qabu deeggaru

Yeroo murtaa'e keessatti ol'iyyannoo keessan dhiyeessuun isin irra jiraachuu danda'a. Ol'iyyannoowwan yeroo hayyamameen ala dhiyaatan karoora fayyaatiin hin ilaalaman. Haala tokko tokko keessatti karoorri kun dhimmoota ariifachiisaa ta'aniif qajeelfama addaa qabaachuu danda'a.

Odeeffannoo dabalataa dambiiwwan Inshuraansii Isteetii Washington keessatti argachuuf, Sarara Bilbilaa Fayyadamtoota Inshuraansii 1-800-562-6900 tti bilbilaa.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee faayinaansii kunuunsa fayyaa daa'imman fedhii kunuunsa fayyaa addaa, harkifannaa guddinaa, yookiin qaama miidhamummaa qabaniif, Sagalee Maatii Isteetii Washington 1-800-5-PARENT tti bilbilaa.

# Waraqaa Mirkaneessa Inshuraansii

Maqaa Daa'imaa: ______________________ Maqaa Maatii: ______________________

DOB Daa'imaa: ______________________ Sakatta'insa Daa'imaa: ______________________

Hakiima Rifar godhe: ______________________

Odeeffannoo Inshuraansii: *Maaloo Dhaabbata Inshuraansii keessaniif bilbilaa unka kana hamma dandeessanitti guutaa. Kun odeeffannoo baay'ee gargaarudha yoo uwwisa keessanitti hin madaqne ta'e.*

Odeeffannoo Inshuraansii: Maqaa Inshuraansii: __________ Bilbila: ______________________

Teessoo Iyyataa: ______________________

Maqaa Inshuraansii galamee: ______________________ Lakk ID: ______________________

Lakk Karoora/Garee: ______________________ Guyyaa Hojiirra Oolmaa Poolisii: ______________________

Yeroo bilbiltan maqaa nama haasofsiistanii booda akka itti fayyadamtaniif barreessuu keessan mirkaneessaa.

Nama Quunnamtii: ______________________ Guyyaa, Yeroo bilbilaa: ______________________

"Faayidaa koo fi uwwisa faayidaa guddina niwuroo qulqulleessuuf bilbilaan jira" jedhaa. (Isaan Lakk ID miseensa keessanii ni gaafatu) Odeeffannoo hunda guutuuf gaaffii gahaa gaafadhaa. Odeeffannoon guutuu hin taane bilbila biraa ni barbaachisa.

Teraappiistiin koo/Sagantaan EI, ______________________, Tarree Dhiyeessitoota Hirmaatan keessa jiraa?

Yoo Teeraapistii/Sagantaan EI filannoo keessanii networkii isaanii keessa HIN jiru ta'e, sana booda gaaffilee kana gaafadhaa:

"Imaammanni koo ogeessa fayyaa mataa kootii akkan filadhu naaf hayyamaa?" ______________________

______________________

______________________

"Neetwork kootiin ala yookiin tarree dhiyeessitootaatiin ala ba'uu nan danda'aa?" (Yoo akkas ta'e, "Uwwisni koo addadhaa, garaagarummaa akkamii? Garaagarummaa kanaaf kaffaltiin naan kaffalaa?")

______________________

Sana booda akkas jedhaa gaafadhaa: "Kan kiyya":

Kaffaltii waliinii: __________ % yookiin $ __________ /turtii daree. Kaffaltiin waliinii yookiin inshuraansii waliin guyyaatti ☐ moo teeraappii tokkoof? ☐

Fakkeenyaaf, daa'imni keessan OT fi Dubbii yoo arge fi isin kaffaltii waliinii $15 yoo qabaattan, teeraappii tokkoof $15 kan waliigala $30 ta'u yookiin teeraappii meeqa argitan osoo hin ilaalin guyyaatti $15 qofa liqii qabdu.

Hir'ifamuu danda'a? ☐ Lakki ☐ Eeyyee Hamma Hir'ifamu $ __________ / maatii yookiin dhuunfaa?

Kaalaandarii Waggaan kan hir'ifamu? ☐ Eeyyee ☐ Lakki Hir'isuun ji'aa kan jalqabu: __________

Bara kanaaf Hir'ifamuun guutamee jiraa? ☐ Eeyyee ☐ Lakki Yoo eeyyee ta'e, hammam? __________

Guyyoonni bara faayidaa koo maal fa'i: __________ hanga __________

Baasii kiisha keessaa bahu guddaan hagami? __________

Guutuu jireenyakoof inni guddaan meeqa? $ __________ Hanga har'aatti meeqatu guutameera? $ __________

Inni guddaan guutuu jireenyaa kun sadarkaa maatiittimoo sadarkaa nama dhuunfaatti? __________

Waggaa tokkotti, teeraappii tokkotti (waa'ee teeraappii hundaa gaafadhaa –Occupational Therapy (Teeraappii Hojii, OT), Physical Therapy (Teeraappii Qaamaa, PT), fi Speach Therapy (Teeraappii Dubbii, ST) – yoo daa'imni keessan tokko qofa barbaadellee, sababiin isaas fuulduratti deebistanii bilbiluun isin hin barbaachisu) daawwannaa meeqatu eeyyamama? ______________________ daawwannaa OT dhaaf, __________ PT dhaaf, __________ dubbiidhaaf.

Faayidaan hanga har'aatti itti fayyadamame jiraa? ☐ Eeyyee ☐ Lakki Yoo eeyyee ta'e, ibsaa: ____________________

Hayyamni Dursaa Dhiyeessaa Kunuunsa Sadarkaa Duraa koo irraa barbaachisaadhaa? ☐ Eeyyee ☐ Lakki

Tajaajila addaa kan akka OT, PT fi Dubbiidhaaf hayyamni dursaa Dhiyeessaa Kunuunsa Duraa koo irraa barbaachisaadhaa? ☐ Eeyyee ☐ Lakki

Ajajni yaalaa Dhiyeessaa Kunuunsa Duraa koo irraa barbaachisaadhaa? ☐ Eeyyee ☐ Lakki

Tajaajila addaa kan akka OT, PT, fi Dubbiidhaaf ajajni yaalaa Dhiyeessaa Kunuunsa Duraa koo irraa barbaachisaadhaa? ☐ Eeyyee ☐ Lakki

Yoo eeyyee ta'e, daawwannaa hayyama dursaaf yookiin ajaja yaalaa isiniif kennuudhaaf maal akka isaan barbaachisu (i.e., galmee yaalaa, ajaja yaalaa, madaallii, xalayaa barbaachisummaa yaalaa fi kkf) gaafadhaa: ____________________

____________________

____________________

Hayyamni/ajajni yaalaa kun marsaa meeqa akka uwwisu: ____________________

Hayyamni/ajajni yaalaa turtiiwwan yeroo akkamii akka uwwisu: ____________________hanga____________________

Daawwannaawwan sana erga fixnee booda daawwannaa dabalataa akka mirkanaa'u gochuu dandeenyaa? ☐ Eeyyee ☐ Lakki

Koodiiwwan armaan gadii ni uwwifamaa?

| Teeraappii | Koodii | Eeyyee | Lakki |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |

Imaammanni koo keewwata ala godhan kan akka "teeraappiin kan haguugamu hanqinni sababa balaa, dhukkuba yookiin miidhaan yoo ta'e qofa" kan jedhufaa qabaa? ☐ Eeyyee ☐ Lakki

Eeyyee yoo ta'e keeyyatichi maali: ____________________

Himata keessan teessoo akkamii irratti ergitu? ____________________

____________________

***Yoo imaammata inshuraansii lammaffaa qabaattan, unka kana keessaa tokko kan biraa inshuraansii sanaaf illee guutaa.

Yoo Herrega Qusannaa Fayyaa yookiin herrega gosa biraa kan tajaajila yaalaa barbaachisaa ta'eef kaffalu qabaattan, faayidaan kun akkamitti tajaajila gidduu seentummaa dursaaf itti fayyadamuu akka danda'an dhiyeessaa tajaajila keessanii waliin haasa'aa.



*DCYF loogii hin godhu, sagantaalee fi tajaajila isaa namoota hundaaf sanyii, halluu, saala, amantii, ilaalcha, haala gaa'elaa, madda sabaa, fedhii saalaa, umurii, haala durii, yookiin hir'ina qaamaa, miiraa yookiin sammuu kamiyyuu osoo hin ilaalin walqixa akka argatan ni kenna.*

*Garagalcha bilisaa maxxansa kanaa gosa yookaan afaan biraan yoo barbaaddan, maaloo DCYF Constituent Relations (DCYF Walitti-dhufeenya Naannoo) 1-800-723-4831 yookaan iimeliin quunnamaa **communications@dcyf.wa.gov**.*

DCYF PUBLICATION FS_0034 OM (07-2023) Oromo